KA'I QEERRO!!

Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa, Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for Freedom and Democracy (NYMFD)

**(Ibsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo, Fulbaana 1, 2017) Kora Sabaa Adda Bilisummaa Oromoo (ABO), Hagayya 21-29/2017 geggeeffame irratti ibsa Qeerroo Bilisummaa irraa kenname.**

Kallachi qabsoo Bilisummaa Oromoo, Addi Bilisummaa Oromoo, Hagayya 21-29/2017tti Kora Sabaa 4ffaa geggeeffatee jaarmaa fi hooggana haaromsuu isaa ogguu dhageenyu gammachuun nutti dhagahame daangaa hin qabu. Mootummaa Walaba Oromiyaa dhaabuu akka akeeka siyaasaatti irra deebi'ee raggaasuun, akkasumas: goleelee Oromiyaa mara irraa shamarrani fi dargaggoon kan keessatti argaman irraa hooggana haarayaa utubuun, kora 4ffaa ABO, kora addaa kan abdii fi hawwii ummata Oromoo kabaju ta'uu isaa mirkaneeffatneerra. Hayyu duree fi itti aanaa hayyu dureen filamanis: amanamummaa kaayyoo, muuxannoo, dandeettii fi muratnoo qabsoon bilisummaa Oromoo gaafatu kan barootta dheeraa kan qabani waan ta'eef bilisummaa Oromoo, kan ummatni Oromoo jaarraa tokko oliif dheebetaa ture bakkaan gahuuf qabsoo geggeeffamaa jiruuf hooggansa qajeelaa fi haqaa akka kenan shakkii hin qabnu.

Waan kana ta'eef, nuti Qeerroon Bilisummaa Oromoo, Adda Bilisummaa Oromootiin hoogganamnu, murtiilee Korri 4ffaan ABO dabarse garaa guutuun itti amannee, hooggana haarayaa kora kana irratti filaman irraas qajeelfama fi ajaja guutuutti fudhatnee akeeka bilisummaa Oromiyaa bakkaan gahuuf qooda keenya dachaa akka taasifnu waadaa keenya irra deebinee haaromsina. Hooggana Adda Bilisummaa Oromoo, humna qeerrootiin jabeessuu irratti murtii korri kun fudhates ajaa'ibsifachaa, ABO'n, hawwii fi fedhii dargaggoo fi shamarran Oromoo guutuu isaa of qusannoo tokko malee mirkaneessina.

Murtiileen kora kana irratti darbani fi hoogganooti kora kana irratti filaman, ummata Oromoo fi ummattoota cunqurfamoon Impaayera Ixoophiyaa gabrummaa bara dheeraa jalaa bilisa bahanii mirga hiree murteeffannaa isaanii akka mirkaneeffatan kan taasisu waan ta'eef, ummatni Oromoo fi ummattooti cunqurfamoon Impaarichaa, kan ba'aan gabrummaa itti ulfate, murtiilee fi hooggana korri kun maddisiise waan hundaan bira akka dhaabbattan Qeerroon bilisummaa Oromoo cimsee yaamicha dabarsaafi.

Murtiilee fi filannoo korri kun maddisiise fudhatanii, wal dura dhaabbachuu irra, wayyaanee qofa irratti akka qiyyaafataniif, dhaabota Oromoo akeeka addaa qabaniifis yaamicha addaa dabarsinaafi.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti !
Injifatnoon Ummata Oromoof !
**Qeerroo Bilisummaa Oromoo,**

**Fulbaana 1, 2017**